Arrabni kee Rabbiin zaakkaruu irraa jiidhaa ta'uu irraa hin deemin

Abdullaah ibnu Busrii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: namichi wohii gara Nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufuun akkas jedhe: yaa ergamaa Rabbii! shari'aawwan islaamaa nurratti heddummaatee jira, hulaa wolitti qabataa ta'e wohii kan nuti jabeessinee isa qabannu nuuf himi? isaanis akkas jedhani: «Arrabni kee Rabbiin zaakkaruu irraa jiidhaa ta'uu irraa hin deemin». Gabaasa biraatiin: hadiisa Mu'aaz ibnu Jabal irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- wanti xumuraa kan ani irratti ergamaa Rabbiitiin adda ba'e -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jechuudha ture: hojii kamtu caalaa fi irra Rabbitti dhihoodha? isaanis ni jedhani: «Haala arrabni kee zikrii Rabbiitiin jiidhaa ta'een du'uu keeti».

[رواه أحمد والترمذي وابن ماجه وابن حبان] [sirrii]

Namni tokko Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- baay'ina ibaadaa sunnaa irraa kan ka’een dadhabinni akka isa mudate himate, Ergasii Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hojii salphaa mindaa guddaa argamsiisutti akka isa qajeelchan gaafate. Nabiyyiinis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo hundumaa fi haala hundumaatti arrabni isaa Rabbiin zakkaruu akka subhaanallaah, alhamdulillaah jechuu, du'aa'ii godhachuu fi kan kkf irraa akka hin deemne isa qajeelchan.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/66541